

Daddechi Wayyaanee Oromoota irratti Murtii Du'aa kenne!

(Madda Oduu ABO /MOA/ Finfinnee, Ebla 02, 2010) Dhaadachi Wayyaanee 3ffaa kan Mana Murtii Olaanaa Federaalaa murtii adabbii du'aa hanga waggaa kudhanii Oromoota irratti dabarsuun gabaasame.

Maddi Oduu ABO /MOAn/ Finfinnee irraa akka gabaasetti, dhaddeche wayyaanee kun murtii adabbii dabarseen ilmaan Oromoo waggaa dheeraaf mana murtiitti deddeebi'aa turan keessaa tokko irratti murtii du'aa, tokko irratti immoo murtii hidhaa umurii guutuu murteesse jira. Kana malees, dhaddechi kun galmees kana keessatti Oromoota hidhaman sadddeeti irratti hidhaa adabbii waggaa 12, Oromoota shan irratti immoo hidhaa adabbii waggaa kudhanii murteesseera.

Akka gabaasaan karaa adda addaa nu gahetti, ilmaan Oromoo murtiin dabaa itti kenname keessaa lamaan isaanii Ebla bara 2007 keessa Keeniyaa irraa qabamanii yeroo dheeraaf hiraarfamaa erga turanii booda, bara 2008 keessa mana murtii wayyaaneetti kanneen dhiyaataniidha. Warri kaan immoo himannaa kijibaan bakka hojiifi mana isaanii irraa funaanamanii, kanneen hidhamaniifi hiraarsaan jabaa irra gahaa jiruudha.



Baqalaa Jiraataa



Tasfahuun Camadaa



Lelise Wodajo and two of her three children

Gabaasaa nu gahe irraa akka hubatamutti, manni murtii olaanaa federaalaa dhaddechi sadaffaan murtii jalloo kana kan dabarse Bitootessa 31, 2010 yommuu tahu, abbootiin seeraa murtii kana kennan 1.Sa'adii Huseen, 2. Tahaliit Yimasil, dhalootaan Tigiroota yoo ta'an, walitti qabaan isaanii immoo ammaaf maqaa isaa kan hinbeekanne dha.

Murtiin adabbii kennameenis,

1. Masfiin Abbabaa Abdiisaa Du'aan,
2. Tasfaahuun Camadaa Gurmeessaa hidhaa umrii guutuun,
3. Baqqalaa Nagarii, hidhaa cimaa waggaa 12
4. Isheetuu Kitil, hidhaa cimaa waggaa 12
5. Kabbadaa Booranaa, hidhaa cimaa waggaa 12
6. Waabee Hajii, hidhaa cimaa waggaa 12
7. Baqqalaa Jiraataa, hidhaa cimaa waggaa 12 (bakka hinjirretti)
8. Dajanee Dhaabaa, hidhaa cimaa waggaa 12
9. Dajanee Booranaa, hidhaa cimaa waggaa 12 (bakka hinjirretti)
10. Abarraash Yaadataa, hidhaa cimaa waggaa 12
11. Roobaa Gaddafaa, hidhaa cimaa waggaa 10n
12. Baayisaa Huseen, hidhaa cimaa waggaa 10n

13. LaliseeWadaajoo, hidhaa cimaa waggaa 10n
14. Olaanii Jabeesaa, hidhaa cimaa waggaa 10n
15. Haayiluu Dalasaa hidhaa cimaa waggaa 10n

akka adabaman murteeffamee jira.

Addi Bilisummaa Oromoos, dhaamsa karaa marsaa isa dabarseen, murtiin kun murtii mootummaa gaafatummaan itti dhagahamu irraa kenname akka hintaane mirkaeessee jira. “Mootummaan egeree biyyaafi sabaaf yaadu gocha dabaa fi murtii jallaa loogiiin guutame hindabarsu,” kan jedhe ABOon, murtiin dabaa kun itti fufiinsa tattaaffii mootummaan gabroomfattuu Wayyaanee Oromoota jilchuuf itti jirtuudha,” jedhee jira.

Addi Bilisummaa Oromoo itti dabaluuinis, “murtiin kun kan dirreerratti tahe waan ta’eef loogii jiru ifaan mul’isa. Garuu, kanneen mana hidhaa dhoksa keessatti sababoota adda addaatiin hiraarfamaa jiranifi kanneen dhoksaatti rasasaan ajjeefamaa gaafa tokko as bahu,” jedhee jira.

“ABO dhumatteef jedhanii labsanii jiru. Erga tahee maa ajjeesu?” kan jedhan miseensi ABO buleessi tokko immoo, “murtiin adabbii loogii sanyummaatiin Oromoota irratti kenname tun, amma illee warra harka kennachuun furmaata jedhuuf deebisaa gayaa dha,” jedhanii jiru.

“Kun hanga qabsoon teenya bakka geessutti karaan itti hafu hin jiru,” kan jedhan maanguddoon Oromoo tokko, “gadadoo guyyaa guyyaa akkasii tarrisaa oolurraa bahuu dhaf qabsoo finiinsinee bakkaan gayuudhaf murannoo teenya ol kaasuu nu barbaachisa,” jedhanii jiru.

Gabaasaan MOA dhaddecha Wayyaaneetti argame akka beeksisetti, murtii dabaa Oromoota irratti kenname kana gabaasuuf gazexeesitoonni wayyaane raadiyoofi ETV bakka dhiphisaanii turan. Kan nama raaju immoo, torbe darbe beellama isaanii irratti abbaan alangaa Wayyaanee ‘murtiin du’aa itti naaf haa kennamu,’ jedhee akka waan murtiin haqaa jiruutti fakkeessaa turuusaa ti. Haata’uutii, yeroo murtiin dabaa kun kennameetti, ilmaan Oromoo kunneen irraa rifaatuu fi naasuun tokko illee fuula isaanii irraa kan hin mul’anne ta’uu isaa ti. Inumaayyuu, kolfaa gara mana hidhaa Qaallittiitti deebi’an.

Manni murtii Wayyaanee kana duras ilmaan oromoo hedduu irratti murtii du’aa jhaga umurii guutti itti kennaa turuun kan yaadatamuudha. Hanga Yoonaatti, kanneen murtii du’aa fudhatanii jiran: Fissahaa Birraasaa, Araarsoo Abbaa Humnaa, Ismaa’el Ahmad Muudaa fi Jamal Musxafaa ta’uun beekamaadha.

Gama biraatiin immoo ilmaan Oromoo Oromummaa isaaniin yakkamanii murtiin umurii guutuu itti kennamee mana hidhaa Wayyaanee addaddaa keessatti hiraarfamaa jiran keessaa, Masfin Ittaanaa, Charinnat Yamaanee, Mangistuu Hordofaa, Daani’el Ayyaanaa, Abdurreshid Abdullah, Said Hasseen, Tashaalee Shifarraa, Mitikkuu Tarfaa fi Duulaa Mootii ta’uun beekamaadha.

“Hanga qabsoon jirutti haallen akkanaa fuula duras nijiraatu,” kan jedhan sabboontoti Oromoo dhaamsa dabarsataniin, “bakka hundatti cimnee roorroo akkanaa ofirraa kaasuu irratti hojjachuu qabna,” jedhanii jiru. Keessa beektoti akka saaxilanittis, murtiin kun akkuma murtii kanaan dura darbaa tureetti ajaja Mallasaa fi humnoota tikaa Wayyaaneetiin kan kenname, adabbii siyaasaati.

===== MOA=====